Kutaa 4

Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Bishaan Daakuu

Kutaa 4



Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiilee dubbisuun duraa

1. Ijoolleen naannawaa keetii tapha akkamii taphatu?
2. Ati hiriyoota kee wallin tapha akkamii taphatta?

Boqonnaa 1: Bishaan Daakuu

Ispoortiin aadaa akaakuu garagaraa qaba. Isaan keessaa tokko bishaan daakuudha. Bishaan daakuun akka akaakuu ispoortii tokkootti faayidaa hedduu qaba. Faayidaa isaa keessaa tokko jabeenya qaamaa argamsiisuudha. Jabeenyi bishaan daakuun argamu guutummaa qaamaatiif tajaajila.

Namni bishaan daaku qaamolee isaatu jabaata.

Kunis namni yeroo bishaan daakuu qaamolee isaa hedduutti gargaarama. Fakkeenyaaf, namoonni bishaan daakan harki lamaan hiixatanii bishaan dhawu. Miilla lamaan ammoo bishaanitti ejjetanii dhiittatu yookiin gurdumu.

Dugdi nama bishaan daakuus nisocho'a. Mataanis ol jedhee bishaan of jala dabarsuudhaan akka fuula duratti tarkaanfatamu taasisa. Akka bishaan garaatti hinseennes afuura ukkaamsachuun yookaan afaan cufachuun dirqama ta'a. Bishaan daakuudhaan milkaa'inni kan argamu yoo qaamoleen kunneen waliin socho'uun gahee isaanii bahanidha. Isaan walbuufnaan garuu bishaanichaan nyatamuunillee jiraachuu mala.

Biyyoota guddachaa jiran keessatti akka aadaatti bishaan daakuun kan shaakalamu bishaanuma naannawaatti argamuun ta'a. Bishaan uumamaan jiru ammoo wantoota daakuutti gufuu ta'an hedduu qaba. Isaan keessaa tokko dhagaadha. Bishaan dhagaan keessatti baay'atu daakuun hinmijatu.

Daaktuun dhagichatti bu'a jettee waan sodaattuuf, harka hiikfatee hinsochootu. Bishaan uumamaa daakuuf kan gufuu ta'u inni biraan bu'aa bahii qabaachuu isaati. Bishaan lafti isaa bu'aa bahii qabu daakuun sodaachisaadha. Tabbarraa fuudhee hallayyaatti darbatee nama ajjeesuu waan danda'uuf, akka garaa ofiitti daakuun hindanda'amu.

Bishaan uumamaa daakuuf inni baay'ee sodaachisaan bineensota achi keessa jiranidha. Bineensota sana keessaa inni tokko loyaadha. Bineensa loyaa keessaa kan akka jawweefaa yeroo baay'ee bishaan keessa jiraatu. Bishaanota gurguddaa keessaa ammoo naachifaan jiraachuu danda'u.

Kanaafuu, bineensota kana sodaa ijoolleen baadiyyaa bishaan hunda daakuurraa of qusatu. Haata'u malee, bishaanota gufuuwwan kanaan oliirraa bilisa ta'an barbaaduun daakuu shaakalu. Bishaan daakuu kanas kan shaakalsiisan ga'eessota. Fakkeenyaaf, namoota Ganda Awaash fudhachuun nidanda'ama.

Namoonni ganda Awaash Dilbata yeruma hunda ijoollee isaanii fudhatanii laga Awaash daakuu shaakalsiisu. Yeroo jalqabaatiif dugda isaaniitti baatanii daakuun shaakalsiisu. Yeroo ijoolleen isaanii daakuu baran ammoo qabee garaa isaanii jalatti hidhuun shaakalsiisu. Yeroo isaan of danda'aa deeman ammoo bishaanitti gadhiisanii duubaan hordofu.



Boqonnaa 2: Faayidaa Bishaan Daakuu

Bishaan daakuun faayidaa adda addaa qaba. Faayidaa isaa keessaa inni tokko jabeenya qaamaati. Jabinni qaamaa wantoota hedduu of kessatti hammata. Isaan keessaa tokko jabina lafeefi fooniiti.

Bishaan daakuun lafee cimsa. Foon lafeerratti biqilus daran jabeessa. Namni lafeefi foon isaa jabaate ammoo anniisaa qaba. Namni anniisaa qabus dhukkuba dandamata.

Namaa daakaadhaan qaamni isaa ijaarame tokko dhukkubi akka laayyootti qabuu hindanda'u. Fakkeenyaaf, dhukkuboota akka shukkaaraa, dhiibbaa dhiigaa dhibee argansuufi wkf salphaatti hinqabamu. Namni dhukkuba dandamatu ammoo fayyaa waan qabuuf, hojii hojjetee bu'aa guddaa buusa.

Fakkeenyaaf, humni callaa oomishu isa fayyaati anniisaa qabudha. Akkuma humni callaa oomishu hawaasa tokko keessatti baay'ataniin dinagdeen hawaasichaa guddata. Guddinni dinagdee, hawaasa midhaan nyaataatiin of danda'uu fida. Kun ammoo naanna'ee qaamni namaa dhibee garagaraa akka ofirraa ittisuuf gumaacha.

Kana malees, jabina qaamaa keessaa tokko ijaarsi qaama namaa walqixa ta'uudha. Kana jechuun, namni bishaan daaku tokko mudhii gad qallatee mudhii ol ammoo hinfurdatu. Kanaafuu, ijaarsi qaama daaktuu tokkoo walhinbuusu jechuudha.

Nama bishaan daakutti qaamni isaa itti hinulfaatu Namni ijaarsi qaama isaa walhinbuufneefi itti hinulfaanne tokko fiigee qaqqabuu, dheessee jalaa ba'uus danda'a. Si'aa'inni akkasii kun bishaan daakuurraa argama.

Faayidaan bishaan daakuurraa argamu kan biraan ammoo dammaqina sammuuti. Sammuun dammaqe waan haaraa uumuu danda'a. Waan uumames hubachuufi itti fayyadamuu irratti nisi'ata.
Kun ammoo guddina nama dhuunfaas ta'ee kan hawaasaarratti gumaacha guddaa taasisa.

Gama biraatiin, namni bishaan daaku tokko qaamni isaa akka barbaadetti ajajamaaf. Qabatni isaas yeroo bishaan daaku sana qaamoleen kun ergaan takkaa waan hojjetaniif. Kun ammoo qaamni daaktuu tokkoo guutummaatti leenjifamuun cimina guutuu gonfata jechuudha.

Boqonaa 3: Bishaaniin Nyaatamuu Oolchuu

Faayidaan bishaan daakuu inni dagatamuu hinqabne ammoo guyyaa lubbamaatiif furmaata ta'uu isaati. Kanaaf ammoo akka fakkeenyaatti Abbaa Nafoo fudhachuun nidandaa'ama. Abbaan Nafoo maqaa masooti. Maqaan inni jalqabaa Badhaasaadha.

Badhaasaan maqaa masoo Abbaa Nafoo jedhu kan argate guyyaa lubbamaa tokko ture. Badhaasaan bishaan daakuu danda'a. Ogummaa kana kan bares abbaa isaa Obbo Guutaa irraati. Akkuma namoota ganda isaa keessaa Obbo Guutaan Dilbata yeroo hunda mucaa isaa bishaan daakuu barsiise.

Hanga Badhaasaan of danda'ee bishaanicha daakuu danda'utti Obbo Guutaan biraa hinhafu ture. Kanaanis gaaf tokko mucaa isaa bishaan nyaate. Obbo Guutaanis daakee ilma isaa baase. Guyyaa sanaa kaasee bishaan daakuu beekuun guyyaa lubbamaa tokkoof akka furmaata ta'u hubate.

Kana malees, gaaf tokko Badhaasaafi namoonni heddduun gabaa dhaqan. Gabaa kanas laga guddaa tokko ce'anii dhaqu. Yeroo dhaqaa bishaan lagichaa keessa ce'anii gabicha dhaqan. Yeroo galaa garuu akka isa yeroo dhaqaa salphaa hinturre. Yeroo Badhaasaafi hiriyoonni isaa gabaadhaa deebi'an namoonni hedduun bishaanicha qarqara dhaabbatu.

Qabanni isaas bishaanichi guutuu isaati. Bishaan lagichaa kan guutes bokkaa erga gabaan yaatee roobeen ture. Akkuma namoota bishaanicha qarqara dhaabbatan bira gaheen Badhaasaan mala tokko male. Kunis warra ijoollee ta'an dabaree dabareen dugdatti uddeellatee ceesisuudha. Warra kaaniif ammoo hidda kutuun daakee ce'ee muka guddaatti hidha. Asdeebi'ee gamanattis hiddicha mukatti hidhe.

Sana booda, namoonni hunduu hiddichatti rarra'anii akka ce'an taasise. Yoo tarii hiddicha gadhiisanii keessatti kufan jedhee daakuun duuka bu'e. Namoonni gariinis hiddichaan ce'an. Kan inni yaadda'e hinhafne. Namoota hiddaan ce'aa jiran keessaa jaartiin tokko hiddicha gadhiiftee bishaan keessatti lafa dhoofte.

Yeroo kana namoonni iyya kurree buusan. Badhaasaan garuu daakee qaqqabuudhaan jaartii dugdatti baatee baase. Namoonni gabaadhaa galaa jiran hunduu ni ililchan. Jaartittiinis nyaatamuu irraa ooluu isheetiin baay'ee gammadde.

Guyyaa sana Badhaasaan namoota gabaadhaa galan sana ala buluurraa baraare. Kaan ammoo bishaaniin nyaatamuu irraa oolche. Isaan qofa osoo hintaane mi'i isaaniis bishaaniin nyaatamuu oolche. Kana irraa kan ka'e maqaa isaa Abbaa Nafoo jedhanii moggaasan. Namoonni sunis cimina gurbaa kanaa odeessaa gara manaatti galan.



Boqonnaa 4: Bishaan Daakuun Beekamuu

Badhaasaanis garmalee gammade. Osoo inni guyyaa sana hinjiraannee namoonni baay'ee nirakkatu turan. Duuba deebi'ees abbaa isaa eebbise. Abbaa isaa isa bishaan daakuu isa barsiiseen, "Ekeraan kee aannan haa dhugu!" jedheen.

Hiriyoonni isaas Abba Nafoo jechuun maqaa isaa leellisaa Badhaasaa waliin galan. Bishaan daakuun cimaa ta'uun Badhaasaa guutummaa biyyaarrati odeeffame. Kanarraan kan ka'e, miseensa ispoortii ammayyaa kan Gumii Abbaa Bunaa akka ta'uuf hoogganaa gumichaarraa affeerraan isa dhaqqabe.

Badhaasaan garuu qonna gaarii waan qabuuf miseensa gumichaa ta'uuf fudhachuuf fedhii dhabe.

Namoonni Badhaasaan guyya gabaa tokko rakkoon isaan oolche gumii ispoortii ammaa keessatti miseensa akka ta'uuf affeeramuu isaa dhaga'an. Warra guyyaa sana rakkoo ooluun maqaa Badhaasaa Abbaa Nafoo jedhanii moggasan keessaa namoonni lama gummichatti affeeramee diduu isaa dhagaa'anii baay'ee itti yaadan. Kan isaan yaachises Badhaasaan osoo leenjii ammayyaa hinargatin rakkoo isaanii furuu danda'uu isaati. Kana malees, osoo leenjii ammayyaa argatee ammoo caalaatti tajaajiluu danda'a abdii jedhu qabaachuu isaaniiti.

Namoonni lamaan sun atattamaan gara Badhaasaa deeman. Akkuma isa bira gahanii nagaa gaafataniin isa inni guyyaa gabaa isaanii oole itti himan. Innis, "Isin gaafas achi turtanii?" jedhee gafate. Osoo inni guyyaa gabaa sana hinjiraannee, namni loon moonaatti isaanii sassaabullee akka hinturre itti himanii caalaatti galateeffatan.

Namoonni sun lamaan dhimma gara isaa isaan fide Badhaasaatti himan. Badhaasaanis sodaa qabu itti hime. Isaan keessaa tokko namni oyiruu isaa qotuuf jiraachuu dhabuu isaati. Kanarraa kan ka'e ammoo haati warraafi mucaa isaa rakkachuu danda'u sodaa jedhuun affeerricha fudhachuu akka dide itti hime.

Isaan garuu waan fedheyyuu yoo ta'e hinsodaatin. Akkuma achi galteen miindaa siif kaffalu. Oyruu kee ammoo qixxee kennattee qochisiifatta. Ofirrayyuu dabartee ormaaf bu'aa taata abdii jedhu qabna," jechuun jajjabeessan.

Badhaasaan yaada namoota sanaa fudhate. Akkuma isaan jedhan oyiruu isaa qixxee kennatee bishaan daakuudhaan miseensa gumii Abbaa Bunaa ta'uuf murteesse. Akkuma murteesse miseensa ta'e. namoonni achi keessaa hojjetanis Badhaasaa gammachuun simatan.

Badhaasaan bishaan daakuu shaakaluu itti fufe. Isa duraa caalaa ogummaan inni bishaan daakuurratti qabu cimaa dhufe. Bishaan inni daakus mijataa kan ta'eefi bu'aa ba'ii kan hinqabne ture. Badhaasaan inni bishaan hinmijanne keessatti daakaa bare bakka mijatu gahee daran itti caale. Gumicha keessaa namni isaan dorgomu nidhabame.

Badhaasaan bishaan daakuudhaan gumicharra darbee guutuu biyyaatti beekame. Dorgommii guutummaa addunyaarratti bishaan daakaadhaan taasifamuunis tokkoffaa bahee madaaliyaa warqee badhaafame. Madaaliyaa kana birattis badhaasa mallaqaa guddaa argate. Akkuma namoonni sun jedhaniin ofirra taree ormayyuu gargaaruu eegale.

Akkataa kanaan, akka aadaatti bishaan daakuu eegaluun isaa kan ammayyaatiif bu'uura ta'ee beekamtii argachiise. Ijoolleen ollaa Badhaasaas bishaan isaan mana isaanii gajjallaatti daakuu jalqaban guddina isaanii gara fuula duraatiif ka'umsa akka isaanii ta'u hubatan. Fakkeenya isa taasifatanii bishaanicha daakuu itti fufan. Ogummaa isaanii kanas gara isa kan ammayyaatti ceesisuuf murteeffatan.

Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Badhaasaan maaliif Abbaa Nafoo jedhame?
2. Bishaan daakuun faayidaa akkamii qaba?
3. Ogummaa bishaan daakuu maaltu adda taasisa?

Torban 2
Kutaa 4

Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 5
Kutaa 4

Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 6
Kutaa 4

Ilmoo Tujaara

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 10
Kutaa 4

Gargaarsa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 11
Kutaa 4

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 13
Kutaa 4

Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 15
Kutaa 4

Daawwii Garee

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 16
Kutaa 4

Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 20
Kutaa 4

Qusannoo Bishaanii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 24
Kutaa 4

Dhaamsa Haadhaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Gabaa Markaatoo

Leveled

Afaan Oromoo